Public Health
Seattle & King County

# Dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (Shingles)

**Kabajamoo Maatii ykn Guddiftuu,**

**Waraqaan haqaa kun isiniif kennamee jira:**

- ☐ **Sababni isaas isin ykn daa'imni keessan dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu saaxilamtanittu ta'uu danda'a.**
- ☐ **Dhimma odeeffannoo qofaaf.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Waa'ee dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles)

### Dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu godhu (shingles) maalidha?

- 'Shingles' vaayirasii 'varicella zoster' jedhamu kan dhukkuba 'chickenpox' irraa kan dhufudha.
- Namni tokko yeroo daa'imummaa isaa chickenpox'dhaan yoo qabame, vaayirasichi waggoota booda deebi'ee qaama isaa keessatti si'ataa ta'uu danda'a, kunis dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) fiduu danda'a.

### Eenyuutu qabamuu danda'a?

- Namni kanaan dura chickenpox'dhan qabamee ture dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu godhuun (shingles) qabamuu danda'a.
- Dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu godhuun (shingles) adda durummaan namoota umuriin isaanii waggaa 50 ol ta'e irratti mul'ata.
- **Nama Dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) qabu irraa shingles'dhaan qabamuu hin dandeessan.** Haa ta'u malee namoonni chickenpox'dhaan hin qabamne ykn talaallii varicella (chickenpox) hin fudhanne nama dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu godhuun (shingles) qabu irraa **chickenpox'dhaan qabamuu danda'u**.
- Namni chickenpox'dhan hin qabamne ykn tarreewwan talaallii varicella (chickenpox) hin fudhanne kamiyyuu yoo dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) saaxilame ykn chickenpox'dhaaf saaxilameera jedhee yaade ogeessa fayyaa isaa qunnamuu qaba.

### Mallattooleen dhukkuba kanaa maali?

- Mallattoon jalqabaa yeroo baay'ee miira rifachuu ykn sosocho'uu irratti namatti dhaga'amuu, hoqsisuu ykn dhukkubbiin waraansaa namatti dhaga'amuudha.
- Guyyoota hedduu booda, dorbabba'uun gogaa irratti akka sarara ykn mallattoolee dhiita'e guddaa mul'ata, yeroo baay'ee qaama ykn fuula gama tokkoon.
- Mallattoon dhiita'uu kun gara madaa bishaan qabate kan dhangala'aan xixiqqoo guutamee guyyoota muraasa keessatti goguu fi kan nama hoqsisu ta'a.

- Mallattoon dhiita'uu kun mallattoolee dhukkuba adda addaa kan fiduu danda’u yoo ta’u, hoqsisuu salphaa irraa kaasee hanga dhukkubbii cimaatti kan fidu yoo ta’u, torban sadii hanga shanii turuu danda’a.

**Akkamitti tatamsa'a?**

- Namni tokko nama biraa irraa osoo hin taane vaayirasii ‘chickenpox’ ofii isaa irraa dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) qofa qabamuu danda'a.
- Vaayirasiin kun namoota amma ammaatti chickenpox'dhan hin qabamne ykn tarree guutuu talaallii ‘varicella’ (chickenpox) hin fudhannetti salphaatti tatamsa'uu danda’a.
- Vaayirasiin kun dhangala'aa madaa bishaan qabate kan nama dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) qabame keessatti argama.
- Kan tatamsa'u:
  - Meeshaa ykn lafa vaayirasichi irra jiru tuquudhaan booda afaan, ija ykn funyaan tuquu.
  - Namni tokko qabiyyee xixiqqoo vaayirasichaa kanneen madaa dhangala’aa qabate keessaa dhufan harganu, osoo madaan dhangala’aa qabate goggoge fi qonyanyaa uumuudhan dura.
- Namoonni dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) qabaman osoo madaan dhangala’aa qabate hin mul’atin ykn mallattoon dhiita'e goggooguu fi qonyanyaa'uudhan dura tatamsaasuu hin danda’an.

---

## Saaxilamuu Kana Hordofee Maal Beekuun Qaba?

Qaa'imni keessan saaxilamummaa kanaarra dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) qabamuu hin danda’u, garuu dandeettii dhibee ittisuu kan hin qabne carraan chickenpox'dhaan qabamuu danda’u jira. Dandeettiin dhibee ittisuu jechuun duursanii chickenpox'dhan kan qabame ykn talaallii varicella [chickenpox] doosiiwwan lamaan fudhataniiru jechuudha.

- **Yoo daa’imni keessan dandeettii ‘chickenpox’ ittisuu qabaate/tte,** saaxilamummaa kanarra chickenpox'dhan akka hin qabamne baay’inaan eegamu.
- Yoo daa’imni keessan dandeettii ‘chickenpox’ ittisuu hin qabaanne:
  - Ogeessa kunuunsa fayyaa daa’ima keessanii beeksisaa. Talaalliin ‘varicella’ (chickenpox) erga saaxilamanii booda guyyoota 3 hanga 5 keessatti kennamuu danda’a, kunis dhukkuba ‘chickenpox’ ittisuuf ykn akka hin hammaanne gochuuf gargaara.
  - Mallattoolee dhukkuba ‘chickenpox’ (ho’a qaamaa; dugda, laphee ykn fuula irratti dhiita'uu; sochii xiqqaa; fedhii nyaataa dhabuu) erga saaxilamtanii booda hanga guyyoota 21tti ilaalaa.
  - Mallattoolee dhukkubaa armaan olii keessaa tokko yoo mul’ate sagantaa kunuunsa daa’immanii beeksisaa.

**Talaalliin dhukkuba ‘chickenpox’ fi dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) lamaan isaanii ittisuuf karaa hunda caaludha.**

- Talaalliin ‘varicella’ (chickenpox) daa’imman ji’a 12 fi isaa ol ta’anii fi ga’eessota dhukkuba chickenpox'dhan qabamanii hin beekneef ni gorfama.
- Talaalliin ‘varicella’ (chickenpox) carraa dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) umurii jireenya gara dhumaatti qabamuu hir’isuu danda’a
- Talaalliin dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu (shingles) namoota umuriin isaanii waggaa 50 ol ta'eef ni argama.

- Waa’ee talaallii kana keessaa tokko ykn lamaan isaanii miseensota maatii keessaniif ogeessa fayyaa keessan waliin haasa’aa.

**Gaaffiilee ykn yaadota dabalataa yoo qabaattan ogeessa eegumsa fayyaa keessan quunnamaa. Waraqaan kun odeeffannoo waliigalaa qofa kenna.**

---

## Daa'imni Koo Kunuunsa Daa’imaa Irraa Mana Turuu Ni Barbaachisaa?

Yoo daa'imni keessan dhukkuba narvii nama hubuu fi gogaarratti madaa nama dhukkubu godhuun (shingles) dhaf **SAAXILAMAN,** mallattoolee dhukkuba ‘chickenpox’ yoo qabaatan malee kunuunsa daa’imaa irraa mana turuun isaan hin barbaachisu.

Yoo daa'imni keessan mallattoolee dhukkubaa ‘chickenpox’ agarsiise/ste, mana turuu qabu. Sagantaa kunuunsa daa’imaa hatattamaan beeksisa.

**Maaloo imaammata dhukkubaa sagantaa kunuunsa daa’ima keessanii hordofaa.**

---

**Wabiiwwan**
American Academy of Pediatrics
- Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 6th Edition. Pages 81-82.

Centers for Disease Control & Prevention
- Varicella (Chickenpox) website: https://www.cdc.gov/chickenpox/index.html
- Shingles (Herpes Zoster) website: https://www.cdc.gov/shingles/index.html